

**SAKATTA’A ITTI FAYYADAMA JECHOOTAIFI
DOGONGORA QUBEESUU ASOOSAMA DHUNDHUMA
HINDHUMANNE KEESSATTI**

QORATAAN: SOBBOOQAA JIREENYAA

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI QUUNNAMTIIN
GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII
KOLLEEJII NAMOOMAA, AFAANOTAA JOORNAALIZIMIF
QUUNNAMTII
YUUNIVARITTII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021
FINFINNEE**

**SAKKATTA’A ITTI FAYYADAMA JECHOOTAAFI
DOGONGORA QUBEESUU ASOOSAMA DHUNDHUMA
HINDHUMANNE KEESSATTI**

QORATAAN: SOBBOOQAA JI REENYAA

GORSAAN: TOLEMAARIYAAM FUFEE (PHD)

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU QUUNNAMTIIN
GAMIISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA
JOORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII**

YUUNIVARSITII FINFINNEE

**FULBAANA 2014/2021
FINFINNEE**

Galaata

Hunduma dura Bu'uura namummaa koo har'aa kan tolche, Hirkoofi gaggeessaa jireenya koo kan ta'e, Waqayyoon guddaan galateeffadha..Itti aansuun waraqaa qorannoo kana sirreessuufi yaada gabbataa ta,ee naaf kennuun, akkasumas ergan barumsa koo yuunivarsitti jalqabee kaasee hamma guyyaa har'aatti gorsi isaanii kan anarraa hincinne, gorsaa koo kan ta'an Dr: Tolemaariyaam Fufaa galannifi kabajni koo guddaadha.

Baradhee hanga sadarkaa kana ga'utti gargarsa hundaan kan bira dhaabbatan Abbaa koo obboo Jireenyaa Naggasaafi haadha koo Aadde Dassaatuu Tottobaa Galanni keessan guddaadha. Akkasumas obboleessa koo Geetanaa Jireenyaafi obboleetti koo Masqalee Jireenyaa tumsi isaani yaadafi mallaqaan naaf goodhan yoomiyyuu hin dagatamu.

Dabalatanis, hiriyyootan koo miseensa koo doormi kan ta'an deegersa galma ga'iinsa qorannaa kanaaf karaa adda addaan kanneen gargaarsa naa godhan galanni ko guddaadha.

Dhumarratti irrattis xiqqaa kan hintaane, barreeffama kana koompitaraan naa barreessudhaan, osoo hin nuffin gulaalli heddu naa taasiuun, bifa kana akka qabatuuf kan nagargaare Kaffaalee Hundumaa baay'een galateeffadha.

Axareeraa

Kaayyoon qorannoo kanaa Sakatta'a itti fayyadama jechoota dogongora qubeessuu asoosama Dhundhuma hindhumanne keessatti. Kaayyoon boqonna tokko keessatti seenduubee qorannoo kan ibsuka'umsa qorannicha ibsu kaayyoo gooroofi goree ibsu faayyidaa qorannichaa dangaa qorannichaa malawwan qorannichii itti gaggeeffame ibsufi sakatta'a barruu, sakata'un ibsu fi sakata'a barruu gama fayyadama jchootan jiran jiran ibsu, faayyidaa jechaa sakatta'udha. qoannoo kunis sakata'a itti fayyadama jechootaafi dogongora qubeessu asoosama kana keessatti argaman gosaa gosaan qooqqodduun, ibsufi irratti sakata'a taasiisuu jechoonni dogongora kun jechoota loogaa akkamii akka fayyadaman afaan ergisaa akkamii akka fayyadaman jechoota saalfee inni fayyadamee ibsudha. Akkasumas jechoota dogongora qubeessuu keessatti mul'atan kan akkamii akka ta'an jechoota laafaa dheeraa, akkasumas jechoota jabaa dheeraa jecha jabaa gabaabaa, kan ofkeessatti qabatan kan ibsudha. Akkasumas cuunfaa ibsaniidha.

Baafata

Qabiyyee	Fulla
Galaata	i
Axareeraa	ii
Baafata	iii
BOQONNAA TOKKO.....	1
Seensa	1
1.1. Sendubee Qorannicha.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannicha.....	2
1.3 Kaayyoo Qoranicha.....	3
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	3
1.3.2. Kaayyoo Gooree	3
1.4. Fayyidaa Qoraniicha	4
1.5. Dangaa Qorannicha.....	4
1.6. Malawwan Qorannichii ittin Gaggeeffamee	5
BOQONNAA LAMA.....	6
Sakatta'aa Barruu.....	6
2.1. Sakatta'aa Barruu Gama fayyadama Jechootaf Dogongora Qubeessu jiran Sakatta'aa Barruu Gama Fayyadama Jechootan Jiran	6
2.1.1. Jechaa.....	6
2.1.1.1. Faayidaa Afaanii	7
2.1.1.2. Jechoota loogaa.....	9
2.1.1.3. Jechoota Ergisaa.....	10
2.1.1.4. Jechoota Saalfee.....	12
2.1.2. Sakatta,a Barruu yaaxinaalee Gama Dogongora jiruu.....	12
2.1.2.1. Dogongora qubeessuu	12
2.1.2.2. Ijaarsa Jechaa	13
2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii	13

BOQONNA SADI	16
3.1. Odeeffannoo gabaabaa Asoosama dhundhuma hindhumanne	16
3.2. Gosoota Jechoota Barreessan Dhundhuma hindhumanne keessatti fayyadame	17
3.2.1. Jechoota Ioogaa	17
3.2.1.1. Jechoota loogaa sadarkaa Hiikaatti Mul’atan	18
3.2.1.2. Jechoota loogaa sadarkaa sagaleetii mul’atan.....	20
3.2.2. Jechoota Ergisaa	21
3.2.2.1. Kallattiwwan Jechoonni Ergisaa Afaan Ooromoo keessa Ittin Seenan	21
3.2.2.2. Akkaata barreessaan Jechoota ergisaa Asoosama Dhundhuma Hidhumanne keessatti itti fayyadame.....	23
3.2.3. Jechoota Saalfee	25
3.3. Dogongora qubeessuu jechoota sadarkaa jechati Asoosamicha keessatti mul’atan	26
3.3.1. Jecha laafaa gabaabaa.....	26
3.3.2. Jecha laafaa dheeraa	27
3.3.3. Jecha jaba gabaabaa.....	27
BOQONNAA AFUR	29
CUUNFAAFI YAADA FURMAATAA	29
4.1. Cuunfaa	29
4.2 Yaada Furmaataa	30
Wabiilee	31
Dabalee (Appendixe) A	32
Dabalee (Appendixes) B.....	33
Dabalee (Appendixes) C.....	34

BOQONNAA TOKKO

Seensa

1.1. Sendubee Qorannicha

Afaan waahaalee kan itti jiraatan, jireenyaa jiraachuuf ammoo, afuura baafachuuf yaaduun dirqama jireenyaati. Afuura baafannaan lubbuu-qabeeyyi birootin kan wal-fakkeessu yoo ta'uu yaaduun garuu, bakka addaaniiti. Afaan kanittin yaadaniif walqunnamanidha. Afaan ittin yaadani hojjechun ammoo walitti dhufeenya yaadaa aadaafi hawaasa caalaatti ifa in taasisa. Afaan tokko hawaasaf aadaa isaarra addaan ba'ee jiraachuu hindanda'uu. Haalli qabataman afaan baattuu aadaa aadaan immoo ibsiitu jiruuf jireenya hawaasa jechisisees isaan kanaadha. Kanaafuu afaan hawaasa tokkoof aadaan isa addaan baanaan jireenyii guutuu hinta'u. Wal-malee jiraachuu dhabuu isaanii mul'isa. Namni qaamaaf sammun naga dhalatee yoo xiqqaate afaan tokkotti afaan hiikaachuun hin oolu.

Afaan akka namaatti amalli afaanii, “akkuma kan nama jechisiisan hedduutu jiru. Isaan keessaa dhalachuu, guddachuu ykn quucaaru fi du'uun isa tokko. Amala kana ammoo, dhalli namaas niqaba. Kan dhala namaa ifatti yoo mul'atu kanafaanii garuu Akkaamitti gaaffii jedhu kaasuu mala. Gaaffiin kun dhugaa of keessaa qaba. Dhalachuun afaanii, afaan duraan ture tokkorraa ykn looga kan ture tokko gara afaan of danda'eetti yoo ce'eedha. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoof Afaan Sumaalee achii as dhufni isaanii Afaan Kuushirraa akka ta'ee xinqooqni seenawwaan ni ibsa. Addunyaa Barkeessaa, (2008)

Haayyuun Antila (1972). Dhimma kana yoo ibsu, qabatama dheerina yeroo, bal'ina lafaa fi walquunnamuu dhabuu hawaasaatiin loogawwan afaan tokko gara afaan of danda'eetti fottooquu akka danda'an ibsa. Egaa, afaannonni kunis afaan duraan ture tokkorraa dhufuun dhalachuu isaanii agarsiisa. Dagaaguuf ogbarruu horachuun, guddaachuu; dadhabee gatantaruun afaanii ammoo, quucaruu isaa mul'isa. Afaan kan du'u garuu namni afaanichaatti afaan hiikkatu yoo dhabamedha. Haayyuun Antila (1972).

Afaan Oromoo Afaanota gaanfa Afriikaa keessati bal'inaan dubbataman keessaa isa tokkodha. Afaan kun biyyaa Itoophiyaa keessatti qofa kan dubbatamu osoo hintaane daangaa ce'uun biyyoota akka keeniyaafi kaaba sumaaleettis bal'inaan kan dubbatamuufi Afaan siwaahiliif Hawusaati aanee sadarkaa *3ffaa irratti* kan argamu ta'uu isaa ragaaleen qormaata adda addaa

nimul'isu. Kanaafuu afaanichi seerluga ittiin beekamuu kan qabuudha. Afaan kunis erga yeroo dhiyoo dura afaan barreeffama ta'ee asitti barreeffamoonnii adda addaa mul'ata turaniruu mul'atas jiruu. Haata'uu malee afaan kun sabaaba sirnan waltaniif qorannoo hedduun irratti hingegeeffamiinifi barreeffamoonii tokko tokko dogoggora qabu. Barreeffamooni dogoggorii keessatti mul'atu keessaa Asoosamni isa tokkodha. Wiirtu jildii, 11ffa)

Dhallii namaa muxxannowwan isaa kan ittin ibsatu akka dhaloota ittii aanutti kan dabarsu kan isa gargaruu Ogbarruudha. dhalli namaa jireenya isaa keessatti gaddaaf gammachuu jaalalaaf jibba argachuuf dhabuu kanneen kana fakkaatan isaa mudachaa jiraata. Dhalli namaa muxxannoo isaa kan ittiin ibsatu dhaloota itti aanutti kan dabarsuu keessaa tokko ogbarruudha.

Ogbarruun aadaa eenyummaa siyaasa afaaniifi kanneen kana fakkaatan dhaloota tokkorra gara dhaloota itti aanutti kan darbudha. Ogbarruun dabarsa beekumsa hawaasa sadarkaa addaa addarra jiruutti. Yaada kana ilaalchisee Asafaa (2009:45). 'Ogbarruu dabarsa aadaa ummaatatti galmee jiruuf jireenya dhala namaakan ta'ee kan namoonni hubannoo beekumsaafi muxxannoo sadarkaa addaa addaa qaban keessatti hirmaataniidha'' jedheetu ibsa. Akka yaada kanatti ogbarruu karaa ittin muxxannoof hubannoo hawaasaa dhaloota itti aanuuf dabarsaniidha. Gooroowwan ogbarruu Ogafaaniifi Ogbarruu barreeffama jedhamuun bakka gurguddoo lamatti qoodamuu. Ogbarruun barreeffama ammoo iddoowwan gurguddoo saditti qoodamuu. Isaanis: Ogwalaloo Diraamaafi Waalaloodha.

Kanaafuu akka qorannoo kanatti ka'umsakan ta'ee Asoosama DHundhuma Hindhumannedha. Kitaabnii kun Bara (2013) maxxansame kan bahe yoo ta'uu, Nama **Abdiisa Tibbeessoo** kan barreeffamedha. Qorannoon kunis qaamoolee kitaabicha alaaf keessa isa sakkatta'uun dhiyyateedha. Kuta barreeffama kananis haalli fayyadama jechootaaf dogoggora qubeessuu keessatiti mul'atan kitaabicha keessatti maal akka fakkaatu in ibsa.

1.2. Ka'umsa Qorannicha

Afaan oromoo afaan barreeffama hojiiifisabqunnamtii ta'uun isaa seenaa yeroo gabaabaa ta'uunsaa ni beekama. Yeroo ammaa kana barreeffamooni dhimma addaa addaa ilaalatan afaan oromootin barreeffamni ummaata Oromoo biraa ga'aa jiru. Guddina afaanii kunis, hedduminan muldhacha jiru. Kun cimee itti fufuun akkumaa afaanota biroo afaan oromoo sadarkaa guddaa irra akka ga'uuf, wantoonnii barreeffamanii kun seera godhaachuu qabu. Wantii qabataman

muldhatuu garuu fayyadama afaanii wantoota afaan oromoon barreeffamanii jiran irrattii rakkoon akka jiru agarsiisa.

Rakkoo muldhatanii kana maqsuuf immoo qorannoo gama fayyadama afaaniitiin barreeffamoonii afaan kanarrattii taasiifamuu ga'ee oolaanaa qaba. Akkasumas afaan oromoo yeroo ammaa afaan qorannoo afaan saayiinsiif teknooloojjii ta'aa jira. Haata'u malee haalli afaanichii ittiin barreeffamaa jiruuf ittin dubbatamaa jiru haala sammuu nama afaanicha dubbaatuuf aadaa hawaasa afaanicha ibsu miti. Hir'inii kunis sadarkalee caaslugaan mul'ata. Akka qorannoo kanatti sabaaba kan ta'ee dogoggora qubeessuu jechati. Kunis fayyadama jechootan alatti bahaaniikan mul'ataniidha. Jechoota kana yeroo fayyadamnus gaaffilee qorannoo kaasuu qabna

- Barreessaan Asoosama kanaa jechoota loogaa akkamitti fayyadamee barreesse ?
- Barreessaan Asoosama yeroo barreessuu jechoota akkamitti itti fayyadamuu qaba ?
- Barreessaan yeroo barreessuu seerlugaa afaanichaatti akkamittifayyadame ?
- Asoosama kana keessatti dogoggorii qubeessuu maal fakkaata ?

1.3 Kaayyoo Qoranicha

1.3.1. KaayyooGooroo

Kaayyoon qorannoo kanaa Sakatta,a itti fayyadama jechootafi dogoggora qubeessuu Asoosama DHundhuma Hindhumanne keessatti kan dhiyyaatudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaas

- Maalummaa jechaa ibsuf
- Haalli itti fayyadama jechoota kitaabicha keessatii maal akka fakkaatu sakkatta'uun ibsuudha.
- Jechooni kitaabicha keessatii fayyadaman safuu hawaasichaa hangam akka eegaan ilaaluun addaa baasuu
- Dogoggora barreeffamichaa keessatti argamaniif rakkoo qubeessuun mul'atu ibsu.
- Jechoonni loogaa inni fayyadamee ilaaluu.akkasumas jechoota Ergiisaa itti fayyadaman addaanbaasuu.

- Jecha inni itti fayyadame ilaalluun dogongorii akamitti akka siraa'uu qabu addaan baasuu.

1.4. Fayidaa Qoraniichaa

Fayidaan hojii qorannoo kanaa inni jalqabaa rakkoowwangama fayyadama jechoota kitaba kana keessattii muldhatan addaan baasee akkaataa dogoggora jechoota ittiin siiratan agarsiisu. Rakkoo kun akka itti hinfufnee gochuudha. Gama biroon ammoo namoota hojiibarreeffama asoosama kan biroo irratti boba'aaniif boba'uuf fedhaniif fayyadama dogoggora qubeessuu irratti karaa agarsiisuf qajeelchuun gara fulduratti deemsisudha. Barreeffamanii gama jechoota fayyadama afaanittiin ga'umsa qabu akka mudhatuuf taasiisudha. Kana malees namoota kanan booda qorannoo walfakkaatu hojjetaniif muxxannoo ta'a.

Qorannaan kun erga xummurameen booda fayidaa adda addaa qabaachuu danda'a. Fayidaaleen kunneenis:

- Barreessitoonni asoosama yeroo jechoota filatanii fayyadaman ulaagaa kamiin akka fayyadamaniifi jechoota akkamii akka fayyadamuu qaban ni agarsiisa. Haaluma kanaan barreeffamoonni gara fuulduraatti ba'aan gama seerluga afaanichattin akka ilaalamani dhiyaataniifi gumaacha ni ta'a.
- Barreessitoonni dogoggora qubeessuu irra deebi'anii akka hin dalagneef ni gargaara.
- Namoota seera afaanichaa irratti qorannaa gaggeessaniif akka ka'umsaatti ni tajaajila.

1.5. Dangaa Qorannichaa

Qorannoon kun kallattiidhan haala fayyadama jechootaafi dogoggora qubeessuu Asoosama Dhundhuma Hindhumanne keessa sakatta'uu qofa irratti xiyyeeffata. Innis kitaaba kana keessatti fayyadamni jechoota maal akka fakkaatufi jechoonni ka'an safuu hawaasichaa hagam akka eeggatan akkasumas, dogoggora qubeessuu ijaarsa caasaa jecha irratti mul'atu xiinxaluudha. Qorannoo kun dangaa haqabaatu malee hanqiinas niqaba innis, itti fayyadama jechoota keessatti jechoota loogaa, jechoota ergiisaa, jechoota saalfeedha. Gosoonnii jechoota kanneen qofa osoo hintaanee kan ogummaa addaa akka umeef k.k.f waan jiraniif kaasuu dhabuun hanqina qorannoo kanatti dabalatanis dogoggorii kitaabichaa keessatti mul'atu sadarkaa jecha qofaa osoo hintaanee sadaarkaa sagalee ,galeefihimatti ilaalu dhabuun akka hanqinatti ilaalama.

1.6. MalawwanQorannichii ittiin Geggeeffame

Qorannaan kun irra caalaan rakkoolee bu'uuraa sakatta'uun yaada furmaataa kennuu waan taa'eef, qorannaa waliigalaa jalatti ramadama. haalli ittiin dhiyaate bifa qorannaa ibsutini. Sabaabni isaa, dhimmoonni jiran maal akka ta'aniifi rakkoon jiru maal akka fakkaatu ibsa kennuun waan dhiyateef. Akkasumas, akkaatan sagaleen ittiin funaanamaniifi seeca'aman, yaada jedhu qabata, Barreeffamicha fudhachuu irratti waan hundaa'uuf yaadrimee jalatti isaan ramaachiisa.

Qorannaa kanaf madda ragaa kan ta'an, kitaaboota garaagaraa kan biyya alaafi kan keessaa, waraqaa eebbaa, Intarneetiifi kitaaba qorannichaa irratti Geggeeffameedha.

Wallumagalatti; qorannaan kun qo'annaa sanadaa waan ta'eef, tooftaan ragaan funaaname barreeffamoota mata duree kanaan walqabatan kanneen akka kitaabotaa, barruuleefi qorannaawwan kanan dura hojjataman dubbisuudhan.

BOQONNAA LAMA

Sakatta'aa Barruu

Qorannoo kun sakkata'aa barrulee irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'uu innis qabxiilee gurgudoo lama of keessatti qabata qabxii, (2.1). Jalaatii sakkata'aa barruu yadrimeegama fayyadama jechootaaf dogoggora qubeessu jiraantu kaa'a. Ibsii kunis kitaaboonnii addaa addaa wa'ee jechootaaf dogoggora qubeessuu barreeffama irratti maal akka jedhan ibsuuf yaaleera. Qabxii, (2.2). Jalatti ammoo sakatta'aa barruu walfakkiituu kaa'a. As keessatti waraqaawwan Eebbaa qorannoo kanan walitti dhiyyeenya qaban fudhaachuun walfakkeenyaafi garaagarummaa isaanitu ilalaame.

2.1. Sakatta'aa Barruu Gama fayyadama Jechootaafi Dogoggora Qubeessuun jiran

2.1.1. Jecha

Jechii unka afaanii hima gidduuti argamu ta'ee hiika tokko ol ofkeessaa qabachuu danda'a. Maalummaa jechaaf hayyoonni hiika laataaniruu kanneen keessaa Hartman(1972:256) akka armaan gaditti ibsa.

Dubbattoonni afaan dhaloota hunduu kan afaanicha barreessuu dandaaniifi hin dandeenyes haala walii galaan yoo ilaalaman, maalummaa jecha afaan sanaa osoo namni itti hin himin beekuu danda'u. Haata'u malee, jecha akka qaama xinqooqaatti hiikuun rakkisaafi dhimma marii barbachisuudha. Jechii kutaa afaanii ta'ee, sirnoota barreeffama heddu keessatti qindaa'ina sagalee irraa kan uumamuudha. Hiikni baay'ee beekamaafi inni sirriin jechaa, afaan dubbiitiifi unkaa bilisa xiqqaadha. Kana jechuun jechi qaama xiqqaa ta'ee, kan kophaa isaa hima yookiin dubbii of keessatti qabatuudha Hartman, (1972:256).

Kunis kan ibsu hiikni jecha tokko dubbataa afaan dhaloota sammuu keessa kan jiruuf sirna barreessuu Keessatti adeemsa qindaay'ina sagaleewwan irraa kan uumamuudha. Akkasumas jechooni seerluga agarsisu keessatti ga'ee akka qaban hayyoonni ni ibsu. "The word can also be seen as are presentation or a lexeme that is associated with certain morphological, syntactic properties" (i.e. partly morphological and partly syntactic properties). Such as noun objective verb tens gender number etc' Katamba (2006:19).

Akka as irraa hubatamutti jechoonni karaa tokkoon jecha ta'anii osoo jirani keessa isaaniitti immoo koorniyaa tokko mul'isuudhan seerlugaa afaan tokko keessatti ga'ee qabaachuu

isaanitti. Gama birattin ammoo jechoonnii unka jalqabaa qabaniin hiika bu'uura akkumaa qaban adeemsa jechoota biroo wajjiin hiriiruu keessatti hiika adda addaa horaachuu dandaa'uu. kanaafuu sirnummaa jecha tokkoo kan madaalamuu hiika iddoo galumsattin kan irraa ka'uun fayyadama afaani keessatti jechii tokkoo hiika akkamiif galee jedhanii addaan baasuun barbaachisaadha. Kana malees afaan keessatti jechoonni loogaaf ergisaa kanneen waliigaltee namootaa danquu danda'an wanta'aniif seera afaanii eegaanii fayyadamuun barbaachiisaadha.

2.1.1.1. Faayidaa Afaanii

Afaan Oromoo keessatti fayyadamni afaanii ga'ee guddaa taphaata. Qabiyyee ogbarruu tokkoo dubbistootaaf ifa ta'uuf, ta'uu dhiisuu, akkasumas hojichii cimaa ta'uuf ta'uu dhiisuu, isaa kan madalamu ta'ee karaa midhagina afaanichaa ibsuu dhiisuun isaaniitiin alatti afaan barreeffamicha dhiima afaaniittin. Hojii uumee keessatti miidhagina jechuun kuufama jechootaa miti. jechoonni hammam kan filataman yoo ta'aniyyuu kana jechuun barreessaan fakkii naaf uumuuf yookan yaadaa dubbistootaf akka Afaan karaa yaadaa ittin yaadaa dabarfatan keessaa isa ijoo waan ta'eef hojii uumee dabarsuu barbaadee haala gariin nafdabarsuu jedhee jechoota inni filatee yoo ta'anillee iddoo sirrii ta'etti haala seera qabeessa ta'een yoo itti hinfayyadamne yokiin hingodhannee taasiisu. Kana waanta, eef barreessaan tokko jechoota gaaleewwaniifihimootatti fayyadamee yaadaa yookan ergaa barbaade dabarsuuf ga'umsa afaanii cimaa ta'ee qabaachuu qaba. kan males Zarihuun Asfaaw (1995). Yoo ibsuu.

Barreessaan dandeetti afaanii olaanaa ta'ee isaa barbaachisa yeroo jedhamu karaa biraatiin yaadaa isaa sirriitti haalaa ifafinama hawwatuun ibsuuf dabarsuu danda'uu qaba jechuudha. Akkas gochuuf ammoo amala jechoota haalaa galumsaa isaaniif akkaataa uumamaa isaanii beeku qaba. Hiikaaf midhagin ajechoonni haala addaa addaa keessa galuun kennuu danda'aan beekuun irraa eegama. Zarihuun (1995:15)

yaada kanarraa wanti hubatamuu dandaa'u barreessaan ceephoo irratti kan kufu afaan ittiin barreessuu sirriitti yoo beeku baatedha. Danddeetti afaanii isaa dadhabaa yoo ta'eef haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu akka qabu yoo beeku baate, yaadni inni kaasuu barbaade sirriitti kan ibsameef ifa ta'uu hindanda'u; jechoota qo'achuuf akkaataa fayyadama isaanii sirriitti beekutu irraa eegama jechuudha.

Armaan olitti hojii uumee tokko keessatti afaan dhimma bu'uuraa ta'uu isaa ilaaltee jira. Afaaniif immoo; humnaaf cimina kan kennan jechoota. Jechoonni hundee afaaniiti. Manni hundee malee

akka hindhabbanne afaaniif jechoonni hammuma sana barbaachisoodha. Daanyaachoo Warquu wa'ee human jechootaa yeroo ibsuu akka itti aanutti kaa'ee jira. 'Bocni jechootaanibsama. Haalluufi hammi jechootaan uumama sagalee Jechootan waamama. sochiinis jechootan eegalama. Wantoonni boca haalli amma sagaleefi sochiin kun immoo fakkii lubbuu qabu nama keessatti uumu''. Daanyaachuu (1977:18)

Ibsii armaan olitti dhiyaate kun jechoonni hammam humnan akka qaban kan agarsiisudha. dhalli namaa jechootatti fayyadamuun sammuu namootaa keessatti fakkii uumuuf isa dandeessisa.

Jechoota hundee afaanii ta'an kana yoo of eegannoon itti fayyadamne waanti isaan dadhaban hinjiru. Hammaran mammo (1968:86) Jechoota ilaalchisee akka jedhuutti, "waaqaa gaditti wanta namni jechoonni gochuu hindandeenye hinjiruu." Kana jechuun, dandeettiin ibsuu jechootaa guddaa akka ta'e agarsiisa. Yaada kana irraa wanti hubannu biroon wantoota biyya lafaa irra jiran ykn nama mudatan hundumaa jechootaan dhiyeesuuf ibsuu akka dandeenyudha.

Macuen Joray'faas (1968:132) barbachisummaa jechootaa irratti yeroo ibsan, ofii keenya ifa gochuuf, amanamummaan of ibsuuf akkasumas wanta nuttii dhaga'amuuf wanta yaadnu sirriitti dabarsuuf jechootatti fayyadamuu qabna." Akka yaada kanatti humni jechootaa wanta ija keenyan ilaallehubannuu, dabalatanis wantoota xaxamoofi hinmuldhanne kan ittiinibsamu ta, uudhaankan tajaajiludha. Macuen Joray' Faas, (1968:132).

Walumaagalatti; sakatta'anii barruu gamaa qoranna kanaan jiran kallaatti laman ilaalama. Innis jalqabaa sakatta'a yaaxinaalee gama fayyadama jechaaf dogoggora qubeessuun jiranidha. Akka yaaxinaalee adda addaatti; jechii wanta sagalee irraa uumamu ta'ee kan hiika qabuuf kuta seerlugaa afaanii akka ta'ee; jechoonni adeemsa namoonni qunnamtii taasiisan, dubbisaniifi baratan keessatti fayyida akka qabaniidha. Akkasumas jechoonni ali-diilee kanneen akka looga ergisaafi saalfee jiran ibsa isaanitiinis loogni jechoota naannoo murta'ee irratti dubbataman akka ta'e jechoonni ergisaa adeemsa afaannooni adda addaa walmakan keessan kan uumaman ta'uu isaaniif dabalataniis jechoota saalfee kan jennu kanneen sabaaba aadaa ykn amaantii hawaasa tokko keessatti fudhatama dhabuu irrann kan ka'ee dhoorkamaniidha. Dogongora qubeessuu kan jennu, akkaata sagaleewwan walduuka ittin hiriiran kan hubannuudha. As irra kan hubatamu Afaan Oromoo keessatti dogongorii qubeessu muldhachuu isaani kan nutti himuudha, kun gama barreesiitootaan yoo hinsireeffamiin afaanicha irratti dhiibbaa fidaa deema.

2.1.1.2. Jechoota loogaa

Looga jechuun garaagarummaa haala dubbii ykn itti fayyadama jechootaa hawaasa naannoo tokkoo gidduutti muldhatudha. Kanuma ilaalchisee Jenet akkas jechuun ibsiteeti. *''Looga jechuun garaagaarummaa adda addaa afaan tokko keessatti jechaa seerlugaan sagaleessuufi dubbiiidhan hawaasa tokko keessatti sabaaba garaagarummaa hawaasummaafi naannoottiin muldhatudha''*. Jenet, (2001:132).

Abdulsamadis yaada armaan olii kana deeggaruun garaagarummaa karaa adda addaatiin muldhatan kana akka itti aanutti tokko tokkon ibsu

Garaagarummaa sagalee-jechoonni garaagaraa godinaalee garaagaraakeessatti garaagarummaa sagalee tokkon yookiin lamaan muldhatu niqabu, hiiknii jechoota kanneenii garuu tokkuma. Garaagarummaa jechaa-garaagaru-mmaan kun jechoota walirraa addaa kan hiikaan isaanii tokkichaa. Jechumtii tokkichi hiikaa walirraa addaa qabachuu danda'a. Abdulsamad (1995:32)

Loogni unka afaani ta'ee gareewwan dubbattoota afaan tokkoo keessa garee muraasnii kan itti gargaaramaniidha. Kara biraatin immoo loogni jechoota afaani tokkoo keessatti naannoodha naannootti hiikaa addaa addaatiin tajaajilaniidha. Kana males hawaasa dubbaataa afaan tokkoo keessatti waan tokkoo moggaasa addaa addaatiin beekamudha. kanuman walqabatee hayyooni mallummaa loogaaf hiika keennaniru. *''Dialect is a particular variety of language which is regionally or social distinctive language. Are made up of a number of dialects which tend to flourish when speakers are divided by Geographical barriers (such as mountain ranges rivers and oceans) and social barriers (such as Class race or religion''*. pearce(2002:53).

Akka hiika kanatti loogni afaan murta'ee tokko an hawaasa naannoodhan garaagarummaa addaa ta'ee agarsiisuudha. Afaan tokko keessaa loogawwan hedduun jiraachuun danda'uu. Sabaabawwan uumammaa loogawwaan kana immoo haala teessuma lafa qoqqooddii hawaasa keessatti karaa garaagaraatin mul'atu. Teessuma lafa keessaa kanneen akka Gareenii, lageeniifi Garbawwanii wallitti dhufeenya hawaasa keessatti taasiifamanii waan danqaaniif looga uumuu keessatti ga'ee guddaa qabu.

Haayyuun kan biroon ammoo maalummaa loogaaf sadarkaa loogni itti mul'achuu danda'uu akka kanatti ibsa.

Loogni afaan murtaa'e tokko hawaasan garaagarummaa addaa ta'e agarsiisudha. Akkaasumas, loogni sabaaba teessuma lafaan (gaaree, lageenifi garbawwan); dhiibbaa hawaasan (gosa sanyii, Amantiidhaan) uumamaan irraa ummata afaan tokko dubbatu keessatti ijaaramuudha. Loogni hunduu gama xinqooqaatin qixxee kan ta'eefi kamuu kan hincaalleedha. Garuu, gama ilaalcha hawaasatiin walqummaan loogaa akka hin jirretti kan ilaallamuudha. Pearce, (2007:53)

Kunis loogni sabaaba haala teessumaa naannoo ykn hawaasa irraa kan ka'ee gostii afaani gargaaraa kan afaan walta'aa Afaanicha irraa haalaa sagaleessuu caaslugaa fi hiikan gargarummaa qabu jechuudha. Yaada kanarra ka'uun loogni sadarkaa adda addaatti mul'achuu akka danda'uu hubanna. Garaagarummaan loogaa bifa kanan mul'atu kunis immoo barreeffama afaan tokkoo keessatti bay'inaan kan mul'atuu yoo ta'u waliigaltee hawaasichaa irratti dhiibaa qaba. Kanaafuu namoonni kitaabaa barreessanni hangaa danda'ameetti loogaa baayinaan osoo of eggaannoodhan fayyadamanii gaariidha.

Afaan Oromoo akkuma bal'ina uummata isa loogota heddu of keessaa qaba. Kanuma irra ka'uudhaan loogni naannoo tokkotti dubbatamu hawaasa naannoo biraatiif ifa ta'uu dhiisuu ykn hiika biraa qabaachuu dandaa'a. Barreessaan tokkos asoosama yeroo barreessu deddeebii taatotaa keessatti loogni inni fayyadamu qabu, looga naannoo taatota inni asoosama isaa keessatti uume sanaati. Sabaabni isaas loogni taatonni itti fayyadaman kun yoomessa asoosamichaa agarsiisu dandaa'a. Kana males haala dubbii isaanii kana irraa kaa'udhan dubbisaan wa'ee taatota kanaa tilmaammii mataa isaa akka godhu isa gargaara. Kun immoo seenaafi ergaa asoosamichaa hubaachuuf ga'ee guddaa qaba. Haata'u malee barreessaan afaan ittin seeneessu keessatti jechoota waltaa'oo namni hunduu hubachuu dandaa'utti fayyadamu qaba. Kun ta'uun hafee asoosamichi looga naannoo tokkootiin yoo seeneffame; asoosamichi kan dubbattoota looga sanaa qofa ta'uun dubbifamummaa dhaba. Kanaafuu barreessaan tokko yeroo asoosama isa seenessuu, afaan walta'aatti fayyadamuun isaa sadaarkaa asoosama isaatiif ga'ee olaanaa qaba.

2.1.1.3. Jechoota Ergisaa

.Jechoota ergifachuu jechuun afaan tokko keessatti jechii wanta tokko bakka bu'u yoo jiraachuu baatee, jecha afaan biraa fudhachuun itti fayyadamudha. O'Grady, waa'ee ergifaannoo jechoota akka ibsutii ' '. Erifachuun ce'iinsa afaanii afaan tokko irraa gara afaan biraattikallattii adda addaattiin taasifamudha. Kunis ce'iinsajechaa, sagaleefi seera afaan tokko gara afaan birattigodhamudha. ' ' O'Grady, (1995:196)

Maalummaa ergisaaf akkaata ittin adeemsifamuu irratti haayyoonni yaadoota armaan gadii lafa kaa'uu.

Afaan kamuu in ergifata ilmi nama gamtan jiraata jirreenyii immoo namootaafaan addaa Addaa dubataan wallitti fida. Kunis karaa gabaattin karaa barum- satiin karaa jireenyatin ta'u Danda'aa.wallitti dhufeenya hawaasa addaa addaakunis afaan isaanni akka walmakkuu yookiin Uummatni tokkoo uummata biro irraa akka afaan ergifatuu gochuu danda'a Jaarraa W.B FI W.B, Yaadatee,(2008:19)

Haayyoonni Brownti Hatch(1995:17) jedhaman yadrimee ergisaa jedhuu kana yammuu hiikani. "Borrowing is a process by which a words are introduced from one language to another du'e to language contact". Akka yaadaa haayyoota kanatii jecha garaagara filachuun sabaaba waltii'nsa afaanoota garaagaraattin adeemsa jechoota afaan tokkoo garaa afaan birooti seenutii..Gama birootin afaan yammuu hiikuu, "Borrowing a words phrases is a words is copied and transterved from one language (or subject field) to another borrowing is a natural result of bilingualism transtation and other forms of language contact" kunis kan ibsu ergisnii adeemsa jecha uumuu ta'ee kan jechii yookiin galeen afaan tokkoo irraa garaa afaan birootii jijjiiramuu akasumas bu'a afaan lama gidduutti argamudha. Brownti Hatch, (1995:17)

Tajaajilaa jechoota ergisaa ulaagaa ittiin barreeffaman wiirtuu haala armaan gadii kanaan kaa'a afaan tokko kan biraa irraa jecha tokko ennaa liqeeffatu, jechi sun ammo sagalee afaanicha keessa kan hinjire tokko yoo qabaate, uummanni inni jechicha liqeeffate sagalee harra sana haala lama keessa tokkotti tajaajilamuu dandaa'a. Isaanis: tokko sagalee harra sun jecha ergifame waliin liqeeffatanii akkuma jiruun itti fayyadamuudha. Inni biroon ammoo, sagalee itti dhihoo ta'ee, bakka buusee itti fayyadama. Wiirtuu jildii 5ffaa, 1992:45).

Gama birottin ammoo ejjaannoo jiruu ergisni tokko kan geggeeffamu qabu jechi ergiifamuu barbaadame tokko sadarkaa adduunyaatti tajaajilayoo ta,ee afaan ergisaa fudhaataa keessa jechi walmadaalan yoo dhabamee ergiiffachuundirqamaa.Tekele,{2005:95). Akka waliigalaatii sakataa'a itti fayyadama jechootaf dogoggora qubeessuu keessatti yammuu jechoota ergifaatan itti tajaajilaman caasaa afaan jecha ergifatuu bu'uurreffatani ergifaachuun barbaachisaadha. Akasumas hangaa fayyidaa addaa hinkenniniitti wantoota afaan tokkon maqaa qaban afaan biroo irraa ergifaatani bakka buusuu irraa of eguun barbaachiisadha. Tekele, (2005:95)

2.1.1.4. Jechoota Saalfee

Jechoonni saalfee jechoota hawaasni tokko balaaleffatuuf itti hin fayyadamnedha. Kunis sabaaba jechoonni saafuu hawaasa cabsaaniif akkasumas aadaa hawaasa saana afaan isaa waan cabsaaniif maallummaa jechaa kana Harry shaw, haala kanan lafa ka'a.

Jechii saalfee jecha duudhaa hawaasa keessatti dhoorkamuf itti hinfayya-damneef mi'a hinqabneedha. Hundeen jechaa taboo jedhuu ummatapaasifikii kibbaa keessa yoo ta'uu innis gochaaf meeshaa addaanbahee fayyadamuuf ilaallu dhorkaa ta,ee kan ibsuudh Harry shaw,1972:371. Akka yaada kanatti jechoonni saalfeen kanneenaadaa keessatti mi'a hinqabneef dubbii sirnaa qabeessa ta'eekeessatti dhorkamaniidha. Harry shaw(1972:371)

Haayyuun biroos jecha kana yoo ibsu;

Saalfeen bakka beekumsii ilma nama wantii tokko Aadaa murtaa'a tokko keessatti akka dhoorkamaa ta'ee beekudha. Jechoonnidhimma kanan walqabatan dubbataafibarreessaan haala ta,ee keessatti nibalaaleffatamu. Sabaabni isaas wantiin' keessa nama miidhuufi sodachisuu waanqabaniif, Pearce2007:187). Kana jechuun jechoonni hawaasa tokko keessatti akka saalfeetti fudhataman dubbataafi barreessa afaan sanaa biraatti akka dhorkatti ilaalama. Pearce, (2007:187)

2.1.2. Sakatta,a Barruu yaaxinaalee Gama Dogoggora jiruu

2.1.2.1. Dogoggora qubeessuu

Dogoggora qubeessuukan jennu akkaataa sagaleewwan walduuka itti hiriiran dogoggoruu ykn seera caasaa barreeffama afaan tokko cabsuudha. Kanan walqabatee wirtuu jildii *Iiffa* dogoggora barreeffama afaan oromoo yoo ibsu.

*Dogoggora hangaa ammatti barreeffama afaan oromookeessatti mul'atan sabaabii hedduu qabu. Muxxannoo dhabuun, of eeggannoo malee hatattamaan barreessun, anumaa qofatu beeka jedhanii haaluma ofii ilaalaniibarreessuu, fi looga offii malee kan biraatti fayyadamuudhabuun walummaa galaatti afaanichii waltinaadhabuunsaa sabaabawwan gurguddoodha. Geetachew, wirtuu jildii *Iiffa*; (1992:967).*

As irraa kan hubatamu sabaaboota adda addaa irraa kan ka'ee barreeffamoota afaan oromoo keessatti dogoggorii qubeessuu mul'achuu isaatti. Hallooni akkana kun gama barreessitootaatin yoo hinsirreeffamin afaanicha irratti dhiibbaa fidaa deema.

2.1.2.2. Ijaarsa Jechaa

Jechi qindaa'ina sagalee irraa ijaarama. Sagaloonni jechicha keessa jiran kan tarreffaman akkaataa sabni sun afaan sana dubbatuu baratetti ta'uu qaba. Haalli kun yoo ta'uu baate, jechi sun hiika dhabuu dandaa'a ykn seerluga afaan sanaa keessa bahuun isa hin oolu. Akkaata ijaarama jecha Afaan Oromoo Qajeelaan haala kanaan ka'a.

Akkuma Afaan Ingilizii ijaarsii Jechoota Afaan Oromoo sagalee walitti qindeessuu irraa uumuun ni dandaa'ama. Kunis qindaa'ininni sagalee gabaabaa jechoota gabaaboo kan nuu kennan yoo ta'u, gama biroonammoo jechoonni qindoomina sagalee dheeraattiinis ni uumamu Qajeelaa, (1993:8)

Akka Qajeelaatti jedhutti jechooni Afaan Oromoo keessatti qindaa'ina sagalee irraa akka ijaaramaan; akksumas, qindaa'ina sagalee kana irratti hundaa'anii jechoonni akaakuu adda addaa qabachuu isanii irraa hubanna.

2.2. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Mata duree kana jalatti sakatta'a qorannoowwan kanaan dura mata duree kanaan walfakkaatu irratti adeemsifametu ilalama. Fayyadama jechootaafi Dogoggora qubeessuu irratti qorannaan kallattiidhaan gaggeeffame yoo jiraatu baatullee, fayyadama Afaanii irratti kan hojjetaman hedduutu jiru. Dhimmoonni fayyadama afaanii jalatti ka'an qorannaa kanaan waan walqabataniif, akka barruu walfakkiitti fayyadameera.

Waraqaan eebbaa inni jalqabaakan Hiyyoot Shumeen bara (1998). Gaggeeffameedha. Mata duree kaayyoon qorannaa ishee haala fayyadama afaanii asoosamni dheeraan fayyadamu bu'ura godhachuun, afaan barreessaan tajaajilame seera afaaniichaa waliin walbira qabuun madaaluudha. Qorannaa kana geggeessuf tooftaan raga ittiin funaannatte, kitaabotaafi qorannaa garaagaraa dubbisuudhani.

Dhuma irratti akka yaadatti kan isheen kaafte: jechoonni barreessaan itti fayyadame akka gaarii ta'e; haalli ijaarama himaa asoosamicha keessatti mul'atu kan nama hinnuffisiifnee fi sadoommiwwan ka'an, ergaa barreeffamaa sammuu nama keessa kan tursiisan akka ta'edha.

Haata'u malee, qorannaan kun kan Hiyyoot Shuumee irraa karaalee hedduun garaagarummaa qaba. Isaanis; Afaan ittiin gaggeeffameen, kaayyoo qorannaan, mata duree qorannaani,

qorannaan kun akka kan ishee kallaatti ogbarruun osoo hin taane, Gamaxinqooqaan hojjattamuunsaafi dogongora qubeessuu ilaallachuun kan ishee irraa adda isaa taasisa.

Waraqaan qorannaa inni jalqaba hojjiwwan qorannoo sakkatta'a itti fayyadama afaanii irratti gaggeeffaman keessa tokko Hiwoot shumeen,(1997). Hojjetamedha.Akka qorannoo kanarra hubatamutti kitaabni kun gama filannoo jechootaatiin jechoota gi'iizii, jechoota loogaaf ergisaatti fayyadamee jira. Jechoota kana keessaas caalaatti jechoota ergisaatti kan fayyadame yoo ta'u Afaan Ingilizii irraa ergifatamanii, eenyummaafi ilaalcha taatota jechoota kana dubbatanii sirriitti agarsiisuuf jecha, barreessaan kan itti fayyadameedha. Kanmalees jechoonni kitaaba kana keessatti argaman kan biraas aadaa uummatichaafi eessaa dhuftee isaaniikan agarsiisan akka ta'an qorannoo kanan ibsamee jira. Gama biraan afaan ittiin seenessu keessatti akka yeroo deddeebiin taatota gidduutti taasifamuu jechoota loogaa, ergisaafi kan kana fakkaatan fayyadamuun akka dadhabinaatti ka'ee jira.

Gama dheerina himootaatiin asoosamni kun himoota gaggabaabootti baayinaan fayyadamus, himoonni kun akka ciccitu gochuun dubbistoota kan jeeqan akka hintaane qorannoo kanaan agarsiifamee jira. Kana birattis gama hima ijaaruutiin kitaabni kun dogongoroota kan akka walsimannaa matimaafi xumuraa dhabuu, haala galumsa sirrii hitaaneefi rakkoowwan walqabsiistota iddoo isaanii malee fayyadamuu uumuun isaa ibsame jira.

Qonannoowwan lamaffaa itti fayyadama jechootafi dogongora qubeessuu irraatti xiyyeeffatan keessaa qorannoo Tigist Kabbadaa (1994). Hojjetameen qorannoon kun filannoo jechootaa asoosamoota kanaa mala barreessuu isaaniitiif miidhagina kennuun isaa ibsamee jira. Asoosamoonni kunjechoota baraaman caalaa, jechoota malli ibsuu isaanii olaanaa ta'eetti fayyadamanii jiru. Dabalatanis dubbiiwwan haalawaa kanhiika hedduu of keessa qaban, kitaabota kana keessatti ni argamu.

Akka qorannoo Tigistitti kitaaboonni kun wantoota ittiin beekaman keessa tokko, himoota gaggabaaboo isaan fayyadamaniidha. Himoonni gaggabaaboonniifi wantoota haarawaa ta'an dubbistootaf gabaasan kun barreeffama asoosamoota kana addataasisaanii jiru.Yaadnii jedhus ka'ee jira. Ibsoonni taatotaa, naannoofi wantoota rawwatamanii kan jechoota gaggaboodhaan kaa'aman kun haalaa fayyadama afaanii kitaabota kanaa ifaa ifatti kan muldhisan ta'uu isaas qorannoon kana irraa hubachuun nidanda'ama.

Qorannaan sadaffan ammoo itti fayyadama gama dogongora qubeessuun jiru irratti adeemsifamee immoo kan Yaneenah Walduu (1994). Hojjetamee qorannoo kana keessatti haallii fayyadama jechoota kitaaba kanaa xinxalamee jira. Kanaanis Asoosamni kun caalmaan jechoota ogummaatti fayyadamuu isaa qorannoon kun ibsee jira. Rakkoowwan gama dogongora qubeessuun jiraniif fayyadama jechootaatin mul'atan keessaa, jechoota walirra tuuluu yookan jecha tokko iddoo tokkotti si'a lamaafi lamaa ol faayidaa malee fayyadamuu, akasumas dogongoraan barreessuun fayyadamuun isaan ijoodha.

Gama biraatiin qabiyyee kitaabichaa xiiyyeeffannoo keessa galchuun qorannoo taasifameen qabiyyeewwaan ijoofi qabiyyeewwan kitaabichaa kan waliigalaa maal akka fakkaatan xiinxalanii jiru.

BOQONNAA SADI

Sakatta'a Itti Fayyadama Jechootaafi Dogongora Qubeessuu Asoosama Dhundhuma Hindhumanne

Boqonnaan kun kutaalee sadii ofkeessaa qaba. Kutaan (3.1) Odeeffannoo gabaabaa kitaabichaa ibsa.kutaan (3.2) Fayyadamajechoota barreessaan asoosama Dhundhuma Hindhumanne taasisee sakatta'an addaa baasa.Kutaan (3.3) Dogongora qubeessuu kitaabicha keessatti mul'atan seecca'uun ibsa.

3.1. Odeeffannoo gabaabaa Asoosama dhundhuma hindhumanne

Asoosamni dhundhuma hindhumanne jedhu gosa asoosamoota afaan oromoo barreeffaman keessa isa tokko.Kitaaba kana kan barreessee nama Abdiisa Tibbeessoojedhamuun kan barreeffame yoo ta'u, Finfinneetti dhabbata maxxansaa 'kal priting press jedhamuu bara kuma lamaf kudhaa sadii maxxanfame. Qabiyyeen kitaaba kanaa fuula dhibba tokko qaba.Kutaalee xixxiqqoo soddoma ofkeessa qaba.

Qooddattoonni asoosama kana keessatti argaman lakkoofsaan hedduudha. Isaan keessaa kitaabicha keessatti harka caalaa kanneen hirmaatan keessa: Obboo Jigsaa, Aadde Kuulani, Aadde Araggaa, Dr,Firaa'ol, Hinseenee, Dhaabaa, Hawwii, Fileeraa, Guutamaa, Siifani, Eebbisee, k.k.f. Qooddattoota maqaan dhahamaan kanneen keessa Dhaabaan fakkaatti guddichaa yoo ta'u isaan hafan immoo qooddattoota xixxiqqoodha.

Yoomessi asoosama kanaa haala gabaabina qabuun yoo kaa'amu akkana ta'a:DHaaabaan mucaa Arsii gandaa Shaggullee Bakkee jedhamu keessatti dhalatee guddaate. Dhaabaan yeroo ijoollummaa isaa keessattinama barnoota baay'ee jallaatu ture. Haata'u malee naannoo isaani waan manni barumsaa hinjireef naannoo mana barumsaa Qilxuu re'ee galmaa'uudhaf deeme. Ta'ullee carraa barnoota galmaa'ee baraachuu hin arganne. Sabaabni isaas maatiin isaa sabaaba barachuu isa hinbarbaanneef nama harka qalleeyyii waan ta'aniifi maatiin isaa nama wabii ta'uufargachuu hin dandeenye.Garuu kaayyoon isaaniiguddaan barachuuf waan ture yoon baraadhee maatiikoo gargaara maati koo gargaaruu irraa darbee lammii koos gargaraa jedhee murtesse.

Waldhabbiwwan asoosama kana keessatti mul'atan gosa adda addaattu argamu. Kunis namni nama waliin, Fakkeenya; Dhaabaan sabaaba barnoota dhaabeef maatii isaa waliin waldhabeera .Dhaabaan carraan isaa rakkoo jireenya isa irraan kan ka'ee waqaa waliin waldhabeera.

Walumaa galaatti ergan asoosama kana akkuma qabiyyee isaa heddumina qaba.kuni adda dureen kan ka'u rakkoo siyaasatiin kan ka'ee namoonni baay'een waldhabiitu gidduu isaaniitti umaama. Rakkoo siyaasa irraa kan ka'ee waljibbuu, walii yaaduu dhabuu akka jiru ni ibsa.

3.2. Gosoota Jechoota Barreessaan Dhundhuma hin dhumanne keessatti fayyadame

Jechi kutaa afaanii ta'ee hiika kan qabuu fi bakka bu'a wanta tokkooti. Jechoonni afaanis ta'ee, barreeffaman ergaa yeroo walii dabarsinu gahee guddaa qabu.Jechoonni afaan tokko keessatti argaman hundii dubbattota afaanichaatiin beekamuu dhiisuu danda'uu.Akkasumas, jechoonni afaan biroo irraa gara afaan tokkootti seenaniifi jechoonni hawaasa tokko biratti dubbachuufi ta'ee, barreessuun keessatti fayyadamuun dhoorkaa ta'e, nijiraatu.gosonni jechoota haala kanaan afaan keessatti mul'atanii jechoota al-idilee jedhamuun beekamu.

Jechoota al-idilee kan jennu jechoota gara afaan waltawaatti hin dhufiniifi dubbii seera qabeessa keessatti hin tajaajileedha. Haata'u malee, jechoonni kun barreeffamoota Ogbarruu (literature) keessatti tajaajila ni kennu. Jechoonni kanneeni, akka loogaa, ergisaa, ogummaa, uumee, jaargoniifi saalfeedha.Isaan keessa barreessaan asoosama Dhundhuma Hindhumannekan fayyadame, looga, ergisaafi saalfeedha.

3.2.1. Jechoota loogaa

Jechoota loogaa jechuun jechoota Afaan tokko keessa ta'anii, iddoo adda addaatti Akkaataa adda addaattin sagaleffamaniifi hiikamaniidha.Akkasumaas jechoota dubbaata afaanichaa hundaa biratti haalaa walfakkaataan hinbeekammedha. Hary show.(1905:113) Jechoota loogaa jedhamanii kan fudhaataman garaagarummaa naannoofi hawaasa keessa jiruun ibsamuu kan danda'aniidha. Saboota bayinaa qabaataniifi lafa bal'aa walirra fageenyaa qabu irra jiraatan carraan loogni afaan isaanii keessatti uumamuu isaa Bal'aadha. Kanaaf fakkeenyii gaariin sabaa oromoo ta'uu dandaa'a. Hary show, (1905:113)

Sabni oromoo sabaa bal'aadha lafa bal'arra jiraata, kun immoo akka Afaan oromoo looga hedduu qabaatuuf sabaaba ta'eera. Loogni fayyidaas miidhaas niqabaata.Fayyidaanisa

afaangabiisuuf guddisuu danda'aa fakkeenyaaf filaannoo jechoota barbannetti fayyadamuun gaariidha. Miidhaan isaa immoo bakka tokko tokkotti sabni iddoo garaagaraa irra dhufe yeroo yaada walii hubaachuu dadhabutuu jira.kunis jechi sun iddoo adda addaatti hiika adda addaa waan qabaatuuf. Jechoonni tokko tokko jechumaa sirrii bakka bu'uu iddoo tokko tokkotti ammoo jechoota qaani (salfee) ta'uu danda'a.yeroo ammaa kana namoonni sun yeroo walitti haasa'an walmuffaachuu danda'uu.

Loogni kun akkumaa haasaa afaanii keessatti mul'atu barreeffama keessattillee nimul'ata. Loogni tokko barruutokko keessatti yoo heddumminan yoo mul'atee barreessaafi dubbisaa waldhabsiisuu danda'a. Dubbisa loogaa sanaa hinbeekne yaada barruucha hubaachuu hin danda'u. Kana malees jecha sana keessatti kan biraan hiikamuun dhimmaa barruu sanaa maksuu danda'aa. Rakkoo kana hambiisuuf barreessaan haggaa danda'eetti jechoota afaanicha hundaa beekuu barreessuu qaba.

Kanaaf barreessaan Asoosama Dhundhuma Hindhumanne jedhu seena Asoosamicha kan ibsu ta'ee akka Goodina Arsii gidduu galaa gochuun barreesse. Kana jechuun qooddattoonni looga naannoo sanaa kan dubbaataniidha. Kanarra kan ka'ee barreessaan kun jechoota sadarkaa adda addaatti ilaalee keessa, jechoota looga sadarkaa hiikaafi sagaleetti mul'atan fayyadameera.

3.2.1.1. Jechoota loogaa sadarkaa Hiikaatti Mul'atan

Jechoota loogaa sadarkaahiikatti mul,atan kan jennu adda adduummaa loogaa hiika irratti hundaa'an jechuu keenya. Innis jechi tokko kutaa afaanichaa tokko keessatti hiika tokko yoo qabatee kuta birookeessatti immoo hiika adda qabaachuu danda'a.

Fakeenya: (a) **cinaa:** fuula:25, keeyyata^{3ffaa} Jechi loogaa kun naannoo wallaggatti yeroo baayyee kan dubbatamu. Naannoo Arsiifi Baaleetti keessatti ammoo hiikni jechakana **luuxii** yookan saal-lammee jechuudhan beekama. Kun ammoo jecha salfeetti wallaggaatti garu**biraa** yookan **bukkee** jedhamuun beekama. Kanaafuu barreessaan yoo cinaa jedhee fayyadamuu barbaadee akka namni hunduu hubaatiifi ergaa dhimmaaisaa hinfalleessiinetti cinaa bukkee biraa jedhee barreessuu qaba.

(b) **Erbee:** Fuula;12, keeyyata 1ffaa jechi Erbee jedhu kun Arsiif Baallee keessatti kan inni ittiin waamaamu yookan ittin beekamu gogaa Hoolaa jechuudhaan beekama. Naannoo wallaggaatti ammoo jechii kun Uffaata cicciitee yookan kan moofa'ee jechuudha.

(c) **Qorsoo:** Fuula; 22, keeyy2ffaa Jechiqorsoo jedhukun Arsiifi Baallee keessatti meeshaa aadaa kan mukara hojjetamuu ta'ee kan nyaatti marqaa ittin nyaatamudha. Qorsoon kun naannoo Wallaggaa shawaa keessatti nyaata garbuu irraa qopha'ee dhadhaan hojjetamudha. Nyaata beekamudha. Jechi kunis garaagarummaa hiika waan qabuuf dubbaata afaanicha hundaa biraatii hin beekamuu.

Jechoonni haala kanaan barreessan Asoosamicha keessatti fayyadamee hedduu mul'atu. fakkeenya:shaana (fuula:15) Hooxtee (fuula:14) Dalmaaqqee (Fuula:11) Coraa (Fuula:10) jechoonni kunin cimina barreessa sana in mul'iisa. Sabaabni isaas Qooddattoota naannoo sana agarsiisuuf jechoota achiitti dubbaataman fayyadamuun mul'iisuun waan irraa eeggamuufi

Jechoonni loogaa kunis sadarkaahiikattii mul'atanii barreeffamakeessatti baayyinan yoo dhufaan namoonni jechaa sana hinbeekne dhimmaa sana hubachuufi ni rakkaatu. Rakkoo kana furuuf barreessichii osoo miljalee fayyadamuuf jechaa sana akka dubbaatan afaanichaa hunduu beekuu danda'utti ibse loogaa tokko loogaa isaa biroon hiikeef duubaa yookan dhumaa kitaabiicha irratti jechoota jecha loogaa bakka bu'an sanaa fayyadame gaarii turee. Kanaafuu dhimoonni kunis dhabamuun akka hanqiina barreessichatti ilaalama.

Fakkeenya; jechooni loogaa sadarkaa hiikatti mul'atan dabalatan gabatee armaan gadii keessatti ka'amniiru.

	Jechoota loogaa	Kan bakka bu'uu danda'uu	Fuula	keeyyata	Sadarkaa hiika loogaa
1	Fossoo	Baay'ee hedduu	49	3ffaa	hiika
2	Ceela'e	Aarii, gadduu	10	2ffaa	✓
3	Bokkuu	Ulee, abbaa gadaa	11	1ffaa	✓
4	Wadaroo	Fooyyaa, fuunyoo	54	1ffaa	✓
5	Coraa	Garaa	10	2ffaa	✓
6	Shaana	Goommanaa, raafuu	15	2ffaa	✓
7	Saayiboota	Hirriiyaa	13	3ffaa	✓

Gabate 1 jechoota loogaa sadarkaa hiikatti mul'atan

Jechoonni gabate 1 keessatti kaaman jechoota loogaa sadarkaa hiikatti mul’atani taatee jechoota kutaalee adda addaatti dubbatamuu kan bakka bu’aniidha.

3.2.1.2 Jechoota loogaa sadarkaa sagaleetii mul’atan

Jechoota loogaa sadarkaa sagalee kan jennu garaagarummaa loogaa sagalee irratti mul’ataniidha. Jechoonni kunneen kan dubbattonni afaan sanaa jecha tokko garaagaramuun sagalee adda addaan dubbataniidha. Barreessaan asoosama kanaa jechoota kana fayyadameera.

Jedhee Fuula:13 keeyyata *2ffaa* Jechii kun dubbataa afaanichaa hunduu beekuu danda’a. hata’u malee akkaata garagaraan sagaleessu dandeenya. Fakkeenya; **jedhee** (d) keessa haquun **jehee** (d fi h) haquun **jeeynee** (y) haquun **jennee** bakka buusuu nidandeenya.

Kanarraa wantii hubatamu jecha “ jedhee” jedhu sagalee adda addaatti dabaluufi hirrisuun garaagarummaa jecha loogaa sadarkaa sagalee uumamaniidha. Sagalee seera dhamsagattiin yoo keenyuu.

- (a) Jedhee ..Jehee (d) Ø (e-h) loogaa Arsii.
- (b) Jedhee jeeynee (d fi h) Ø (e-e) loogaa Harargee.
- (c) Jedhee jennee (y fi n) Ø (nn) looga maccaa

Fakkeenya looga jechoota akka armaan gaditti ka’amanii jiru

	Jechoota looga	Kan bakka bu’uu	Fuula	keeyyata	Sadarkaa sagalee loogaa
1	Jabaa	Jabahaa	13	2ffaa	Sagalee
2	Sirna	Siryana	23	2ffaa	✓
3	Ulti	Uti, ute	55	3ffaa	✓
4	Hooriyyuu	Ooryuu	15	2ffaa	✓
5	Kecha	Keche, keessa	19	2ffaa	✓
6	Kiyya	Tiyya	19	3ffaa	✓
7	Keenya	Keeyna	67	3ffaa	✓
8	Dhoksee	Dhossee	98	1ffaa	✓
9	Dugda	Dudaa	31	2ffaa	✓
10	Dawoo	Dahoo, dayyoo	19	3ffaa	✓
11	Amba	Alagaa, orma			✓

Gabatee 2 jechoota loogaa sadarkaa sagaleetii mul’atan.

Gabatee 2 keessatti jechoonni tarreeffamani jechoota loogaa sadarkaa sagalee irratti mul’ataniidha.jechoonni kunkunneen jechoota akkamiin akka bakka bu’uunifi garaagarummaa sagaloota akkamii akka mul’atan agarsiisa.

3.2.2. Jechoota Ergisaa

Jechoonni ergisaa kan jennu sabaaba adda addaa irraa kan ka'ee afaan tokko irraa isaa birootti jechoota ce'aniidha. Ergifachuun adeemsa afaan waltuquu irraa kan ka'ee jechii afaan tokko isa biroo keessatti uumaamuudha. Amala afaanii keessa tokko jecha ergifachuudhaafi ergisuudha .Afaan kamuu jecha afaan biroon akka caasa afaan isaatti ta'utti garagalfatee itti tajaajilamuu danda'a. Brownfi Hatch (1995:17). Yaada hayyoota kanneenii irraa ka'uun kallattiwwan jechoonni ergisaa gara afaan oromoo seenaniifi akkaata barreessaan asoosama Dhundhuma Hindhumanne keessatti fayyadamee in ibsa.

3.2.2.1. Kallattiwwan Jechoonni Ergisaa Afaan Oromoo keessa Ittin Seenan

Jechoonni ergisaa barreessaan asoosama Dhundhuma Hindhumanne keessatti filaate karaalee adda addaan afaan kanatti maxxannan isaan keessa gurguddoon; sababaa guddinaa teknoolojjii walitti dhufeenya ummatani afaan oromoo dubbatu isaan waliin tasiisaniifi sababa amantaa irraa kan ka'eedha.

Guddinni teeknoloojjii akka jecha ergisaa gara birootti dabalamaniifi sababaa ta'u. wantootni ergisaan jechootaa afaanoota hedduu ta'uu malu. Kanneen keessa waliin jireenyii hawaasa dubbaata afaan garaagaraaf guddina saayinsiifi teeknoloojjii adda dureen ka'uu nidanda'uu. Waliin jireenya hawaasa keessatti iddoowwan tajaajilli hawaasummaa giddu galummaan itti argamu kanneen akka gabaa Mana barumsaafi kan kana fakkaatan keessatti wallitti dhufuun yammuu argaan jechoonni isaanii adeemsa keessa walmakaa deema. Haalli kun immoo jechoonni dhimma kanaan walqabaatan gara afaan oromoo akka seenan taasisa.

Fakkeenya, Jechoota teeknoloojjii Dhundhuma Hindhumanne keessatti barreessan fayyadame kanneen armaan gadiitti ibsa.

(a) Teleskoppi, Fuula:50 keeyyata:2ffaa

(b) Laap-toppi, Fuula: 94 keeyyata 3ffaa

(c) Televejjii, Fuula: 57 keeyyata 1ffaa

Jechoonni kuniin Afaan Oromootin moggaasa hinqaban kanaaf hangaa moggaasa afaan oromoo argatanitti itti fayyadamuun dirqama hata'uu malee akka caasaa afaan oromootti mijjeessanii itti fayyadmuun barbaachisaadha.

Fkkeenya; jechii **Teleskoppi** jedhu kun dubbaatan afaan oromoo dubbaatutti mijatee kan barreeffame miti.kanaafuu osoo ‘Teleskooppii’ jedhamee barreeffame filaatamaa ta’a.

Jechoonni ergisaa gara afaan oromoo seenan inni biroon walitti dhufeenya isaan ummaata biroon waliin taasisaniidha.Fakkeenya Afaan Amaaraa dubbatan kutaawwan Oromiya garaagaraa keessa kan jiraatanidha. Adeemsa yaada waljijjiiruu meeshalee addaa waal-irraa bituu gurguruuniis waanturaniif jechoonni afaan oromoo walmakkaa dhufe.Afaan Amaaraa gara afaan oromoo akka seenu taasise.Asoosama Dhundhuma Hindhumanne keessatti jechoota afaan Amaaraa ergifachuun fayyadame.

- a.**Shaashii**: fuula: 47, keeyyata 3ffaa jechii shaashii jedhuu kun Afaan Amaaraan ‘shashi’ jedhuurra kan dhufeedha. Hiikni jecha kanas uffaatakan dubattoonni rifeensa yookaan fuulatti maratanidha. .
- b. **koofiyaa**: Fuula;13, keeyyata 2ffaa jechii koofiyaa jedhuu kun Hiikni isaa rifeensatti kan warri dhiiraa rifeensa isaanitti marataniidha yookaan aguggaataniiidha. Yeroo qorraa kan kaa’atamudha. jechii koofiyaa jedhuu kun kan dhufee afaan amaaraa irraa ergifaatameeti.

Akkaataa jechoonni ergisaa gara afaan oromootti makamaan inni sadaffaa immoo sababa Amaantiti.Namoonni amaantii garaagaraa hordoofan heddudha. Isaan keessa amaanti Islalamaa hordofan baayyinaan kan argamaan; Godinaalee oromiyaa keessa Baalee Arsii Jimmaa fi k.k.f. baayyinaan argamuu. Garuu bakkota tokko tokko keessatti hin argaman.

Barreessaan Dhundhuma Hindhumannee godinaalee maqaa dhahaaman kana keessaa Arsii giddu galaa gochuun barreesse.Uumaanni naannoo sanaa jiraatan kanneen amaantii Islaamaa hordofan barumsa amaanticha yeroo baraanif sirnicha gaggeessan afaan Arabaatin. Kun ammoo akka isaan jechoota afaan arabaa irraa ergifatan isaan taasiisa.Fakkeenya jechoota ergisaa afaan araabaa irraa gara afaan oromoo seenaan barreessaan itti fayyadame.

Fakkeenya: **Saalamata**: Fuula 13 keeyyata 2ffaa:- hundeen jechi ‘Salaamata’ jedhu kun Afaan Arabaan (salaam) isa jedhu yoo ta’u innis **Nagaa** jechuudha. Innis sadarkaa namni islaalama ta’ee tokko guutu qabu keessa isa tokko.Hiikni jecha kanas Afaan Oromoon Nagaa gaafachuu jechuudha.

(b) **Rabbii**, Fuula, 34, keeyy 2ffaa jechii rabbi jedhu Afaan Arabaan ‘‘rabb’’ isaa jedhu irraa fudhatame. Hiikni jecha kanas Afaan Oromoon **waaqaa** jechuudha.kanaafuu jechi kun afaan Arabaarra ergifatamee jechuudha.

3.2.2.2. Akkaata barreessaan Jechoota ergisaa Asoosama Dhundhuma Hindhumanne keessatti itti fayyadame

Jechoota ergifanne afaan ergifatee keessa galchinne yeroo tajaajilamnu akkaata jecha sana caaseessinnuuf yoom akka fayyadamnu beekuun nurraa eeggama.caasaa isaan barreeffamanii yoo ilaaltee, jechoonni gara afaan oromoo afaan biroo irraa seenan ulaagaa afaan oromoo ittiin barreeffamu eeggachuu irraa jiraata. Hata’u malee barreessan Asoosama Dhundhuma Hindhumanne seera kana cabseen in mul’ata.

- a. Fakkeenya; **Awutopis** Fuula: 89, keeyyata: 4ffaa jechii‘autopisi’’ jedhu kun haallii inni ittin barreeffame afaan oromoo keessatti fayyaadamuun gaarii hinta’u. Jechiikun seera afaanicha kan eeggate barreeffame miti. Sabaabni isaas bifa afaan irra ergifame qabatee kandhufee fakkaata kanas kan sirreessine barreessinu Awutoobisii kan jedhu ta’a.
- b. **Univarsity**: fuula: 69, keeyyata: 2ffaa jedhu yoo ilaaltee barreeffamni afaanoromoo keessatti fayyadamnu gaarii hinta’u.Jechi kun afaan maddaan (**isty**) isaa jedhuura. Barreessaan kun jecha kana fudhaate kun dhamjecha isaa (**isty**) waliin gara afaan oromootii fudhachuun **Yunvaarsittii** jedhe barreesse.
- c. **Parsent**: Fuula: 74, keeyyata:3ffaa jedhuu yoo fudhanne dhiibbaan caasaa afaan irraa fudhaatame ni mul’ata. Innis afaan maddaa ‘‘Parsent’’ jedhuu afaan oromoo keeaatti dheerina sagalee kan qabuudha.kun immoo caasaan jechoota afaan kana keessa seenan akka dheeratan taasisa.kanaf yeroo dheeresinne barreessinu **parseentii** ta’a.

Akkaata waliigalaattii jechoota tokko ergifanne yeroo afaan ergifatee keessatti tajaajilamuun haala dhamjefachaf sagalee afaan ergifatee irratti hunda’u qabna.

Barreessan jechoota ergisatti fayyadamu nidanda’a keessatuu barreeffamoota al-idilee akka asoosama keessatti baayinaan mul’atu. Hata’u malee jecha osoo qabnu jecha sana afaan biroo irraa ergifanna yoo ta’ee jecha isaa kan keenya ajjeessa deemna. Jechoota barreessan Asoosama Dhundhuma Hindhumanne keessatti afaan isaa keessatti jecha bakka busuu osoo qabu ergifatee hedduutu mula’ata. Isaan keessa akka fakkeenyaatti kanneen ka’an

(C) **Bashaqaa:** fuula:90, keeyyata:2ffaa jechii bashaqaa jedhuu kun afaan Arabaan ‘bashaqa’ isaa jedhuurra irraa ergifame. Barreessan kun afaan oromoo keessa jechoota jecha kan bakka bu’uu hedduu osoo qabu dhisee fayyadame. Afaan oromoo keessatti jechii kun jechoota akka waliiti qosuu, waliin xaabachuu kan bakka bu’uudha.

(b) **mishaa:** fuula:94, keeyyata:2ffaa jechii ‘misha’ jedhu kun bu’uurii isaa afaan Amaaraan (misha) jedhu bakka bu’a. Barreessaan asoosama kana jecha kana afaan oromoon ‘gaarii’ jedhe osoo bakka busuu dandaa’u ergifate.

Jechoonni lameen kun asoosamicha keessatti argaman akka hanqinaa guddaatti ilaalamu Habaatan malee dhiimmaa itti fayyadamu qabuudha.

Kanafuu gama biroon barreessan tokko jecha afaan offii keessa dhabuu irraa kan ka’e jecha ergisaatti fayyadamu danda’a. jechoonni moggaasni isaanii aduunya irraatti bifa tokkon beekaman maqaa isaani gara afaan oromoo seenan ni mul’atu. Akkaata kanan jechoonni barreessan Dhundhuma Hindhumanne keessatti fayyadame kanneen armaan gaditti.

- Inginer, Fuula:69
- Kompiteera, Fuula:69
- Doctor, Fuula:50
- Guluukoosii, Fuula:50
- Federal, Fuula:58

Jechoota armaan gadii olii kanneen barreessaan Afaan Oromoo keessaa jecha bakka buusuu hin qabu. Kanaafuu, isaan kanneen fayyadamuun isaa waan qeeqamuu hinqabu.

Fayyadama jechoota ergisaa ilaalchisee, barreessaan asoosama tokkoo dhimma yoomessaa (setting) agarsiisuu yoo barbaade gargaaramuu ni danda’a. Jechoota akkanaa filachuu yoo dhabee dhimma iddoo sana jecha afaan isaan agarsiisun rakkisaa ta’a. jechoonni ergisaa sababa kana irraa kan ka’e, asoosama Dhundhuma hindhumanne keessatti ni mul’atu, isaanis;

(a) **Madrasaa,** fuula: 82, keeyy1ffaa. Jechii madrasaa jedhu Afaan Arabaan ‘madrasa’ isaa jedhurraa ergifame. Hiikni jecha kanaa iddoo barumsi amantaa itti baratamu jechuudha. Barreessaan kun osoo mana barumsaa jedhe bakka buusee iddoo, sana ibsuu hindanda’u. sababni isaa, ‘mana barumsaa, kan jedhu iddoo barumsi idilee baratamu yoo ta’u,

‘madrasaa’ immoo iddoo barumsi al-idileen yookan amaantaa itti gaggeeffamuudha. Kanaafuu, jechi kun yoomeessaa agarsiisuufi kan ergifamedha.

- (b) **Kazaaraa:** Fuula:41 keey4ffaa daldaaltoonni waan seeraan haala naagadaaniifi hundii isaan ‘kazaaraa’ keessa seenanii jiruu, Jechi ‘kazaaraa’ jedhu kun Afaan Amaaraa irra kan ergifameedha. Barreessaan kun jecha kana as keessa kan galcheef, bu’aa dhabbee miidhamee tokko mul’isu barbaadeetti kunis Asoosama kana keessatti dhimmoota akkana jechoota ergisaati gargaaramuun rakkoo hin qabu.

Akkumaa walumagalatti, jechoota ergiifachuun amala afaan kamiiyyuu keessatti mul’atudha. Hata’uu malee jechoota ergifachuun bu’aafi miidhaa afaan tokkoo irratti qabachuu ni danda’a. Bu’aa qaba kan jennu, jechoonni kun afaan tokkotti yoo dabalaman gabbinna afaan sanaaf gumaacha ta’u. Afaan tokko irratti miidhaa qaba yeroo jennu immoo yeroo ergifataman caasaa afaan ergifatee eeggatanii yoo hin barreeffamin hammii isaanii yoo baay’ateefi dhamjecha afaan tokko jecha faana yoo ergifatan caasaa afaan ergifatee irratti miidhaa fidu danda’a. kanaafuu ergifannaan jecha afaan keessatti akka filaannoo gaariitti kan fudhatamu osoo hintaaneefi filaannoo dhabuu irraa kan ka’e of eeggannoon ni barbaachiisa jechuudha.

3.2.3. Jechoota Saalfee

Jechoota saalfee kan jennu, jechoota aadaa murtaa’e keessatti balaaleffatamanidha. Jechoonni kanneen sabaaba safuu hawaasa cabsaniif barreeffama keessatti tajaajilamuun akka dhorkaatti ilaalama. Hata’uu malee barreessaan kun jechoota kana halli fayyadameen ni mul’ata. Fakkeenyi, jechoonni saalfee asoosamicha keessa fudhataman bifa armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

- (a) **shooshoo** Fuula:61, jechii jala muramee kun jecha saalfeedha. Kana jechuun qaama saalaa dhalaa yookiin qaama hormaata isaaniiti jechuu danbdeenya. Jecha kana kallaattin barreeffama keessa galchuun dhadhabina barreesiichaati. Sabaabni isaas jechii kun ija hawaasa barreessaan kun giddu gala godhatee barreesseen yoo ilaalamu, barreeffamas ta’e, dubbii seera qabeessa keessatti kan balaaleffatamudha.

- (b)---otoo ishee **Shelatee** silaa nama gadii hin ta’u (Fuula;13 keeyyata 3) jechii gurraacheffame kun akka galumsa isaatti hiikni inni qabu kan nama saalfachiisudha. Barreessaan kun jecha kana dhiisee osoo ‘qunnamtii saalaa rawwachaa jiru jedhee bakka buusee gaarii ture.

Akka waliigalaatti jechoonni saalfee barreessaan kun fayyadame ija hawaasa oromoon yoo ilaalame safuu uummaticha kan cabsanidha. Kanaafuu, barreessitoonni ogbarruu oromoo barreeffama tokko haala hawaasan (social context) yoo barreeffaman duudhaa ummata sanaa osoo hincabsnii dhugaa jiru mul'isuu qaba.

3.3. Dogongora qubeessuu jechoota sadarkaa jechatti Asoosamicha keessatti mul'atan

Dogongorri qubeessuu jechoota asoosamicha keessatti argamani ijaarsa jecha waliin kan walqabataniidha. Haalli ijaarsi jechoota Afaan Oromoo qiindaa'ina sagalee irratti hunda'a. kana jechuun, sagaleen jijjiirama hiika jecha tokko irratti gahee qaba. Gama ijaarsaatiin jechoonni afaan oromoo laafinaafi jabina sagalee irratti hundaa'un gosa adda addaa qabu. Jechoonni kanneen barreessuu irratti dogongorri yoo umame hiikni isaani nijjijjiiramu yookiin dhabuu danda'u.

3.3.1. Jecha laafaa gabaabaa

Jechoonni gosa kana sagaleessitoota leexaan barreeffamu. Laafinni sagalee jechaa keessatti mul'atanii sagaloota dubbifamaa waliin walqabata. Asoosama kana keessatti jechoota laafaa gabaabaa qubeessu irratti dogongoramanii kanneen armaan gaditti.

- (a) tokko **qoffa** naf bitamoo (Fuula:28)
- (b) walumaa **birra** mani barumsa qilxuu re'ee (Fuula:24)
- (c) **Tolle** nan baraadha ka'ee (Fuula:28)

Fakkeenya armaan olii kana keessatti jechoonni jala muraman akka galumsa isaaniitti laafaa gabaabaa ta'u qabu. Akka isaan hin taane kan godhan sagalee dubbifamaa lama ta'anii walbira galaniidha. Kun immoo akka isaan hiika dhaban yookan jijjiiratan taasisa. Fakkeenyaaf jechi hiika dhabe **Qoffa** jechuudha. Kan hiika jijjiirate immoo **birra** kan jedhudha. Birra jechuun (**gannaa**) kan jedhu agarsiisa. Garuu akka hima kanaatti nama tokko **Qofa** agarsiisuuf dhufe. Kanaafuu caasaa himaa irratti dogongora uumeera. Jechoonni kunneen bifa sirriin yoo barreeffaman haala armaan gadii kanaan ta'u.

- qoffa-----qofa
- birra-----bira
- tolle-----tole

3.3.2. Jecha laafaa dheeraa

Jechoonni gosa kanaan sagaleeffaman tokkotif sagaleessitoota hammaan kan barreeffamanidha. Afaan oromoo keessatti jecha laafaa dheeraa agarsiisuuf, sagalee dubbachiiftuu gosa tokko lamaan barreessina. Barreessaan kun seera kana haala cabseen nimul'ata. Fakkeenya, Jechoota haala kanaan mul'ataniif kanneen armaan gaditti.

- a. lagni Abba beji **haalla** duraanii irraa dabalaa dhufeera (Fuula:18)
- b. bishaan **ciissa** keessatti kufte (Fuula:12)
- c. Anaaf **basseedhufee** (Fuula:74)

Jechoonni armaan olitti jala muraman dogongora qubeefamu qabu. Akka galumsa isaanitti jechoonni kanneen gosa jecha laafaa dheeraa ta'uu qabu. Hata'u malee jechoonni kun dogongora qindaa'ina sagalee irra kan ka'ee hiika dhabaniiru yookin jijjiiratataniiru. Fakkeenya jecha hiika dhabanii **ciissafi haalla** kan jedhamanii hiika dhabaniiru jechuudha. Jechoonni kun haala ammma caasefaman kanan afaan oromoo keessa hinjiran. Jechii hiika galumsa gaddhiisee kan biraa ummate immoo **bassee** isa jedhuudha.

- halla-----haala.
- ciissa-----ciisaa
- bassee-----baasee

3.3.3. Jecha jaba gabaabaa

Jechoonni bifa kanaan dubbifamtoota lamaaf dubbachiftu tokkoon kan ijaaramaniidha. Jechii jaban sagalee dubbifamaa waliin walqabata. Haallii qindaa'ina isaanii kun eegamuu yoo baatte jijjiirama hiika fiduu dandaa'a. Barreessaankun jechoota kanaa yeroo qubeessu haalli dogongora uumeen ni mul'ata. Fakkeenya;

- (a) yaa **rabii** ati ni argita (Fuula:43)
- (b) Erga warabeessi darbee sareen **duti** jedhama mitire (Fuula:40)
- (c) irratti **Araba** raarraasaa hoollata dhufee ol seene (Fuula:22)

Fakkeenya armaan olitti ibsaman keessatti jechoonni jala sararaman dogongora qubeeffamuu qabu. Dogongori kunis jechoota kanneen akka galumsaa isaaniitti hiika kan dhasiisedha.

Jechoonni unneen bifa sirriin yeroo barreeffaman akka barruu kanaatti jaba gabaabaa ta'u isaani haaala armaan gadii kanaan sirraa'u.

- rabii----rabbii
- duti---dutti
- araba---arraba

BOQONNAA AFUR

CUUNFAAFI YAADA FURMAATAA

Boqonnaan kun kutaa lama ofkeessaa qaba. (4.1) cuunfaa qorannaa kanaa gabaabinaan kanibsuudha. (4.2) immoo yaada furmaataa qorannaa kana irraa ka'uun kenname lafa kaa'a.

4.1. Cuunfaa

Boqonnaan kun mata duree sakatta'a itti fayyadama jechootaafi dogongora qubeessuu; Asoosama Dhundhuma hindhumannejedhu irratti kan gaggeeffamedha.

Kaayyoon qorannaa kanaa sakatta'a itti fayyadama jechootaafi dogongora qubeessuu; Asoosama Dhundhuma hindhumanne keessatti dhiyaate ilaaluun fala dhahuudha. Kaayyoon qorannoo kanagalmaa ga'uuf, adeemsaadda addaa keessaa darbame. Adeemsi kunis boqonnaa boqonnaan qoqqoodamee kan ilaalameedha.

Boqonnaan inni duraa seensa qorannichaa kan ilaallatu yoo ta'u, ibsa isaatiinis, duubeen qorannichaa, sabaabni qorannichaa, kaayyoon qorannichaa, fayyidaa qorannichaa, dangaa qorannichaafi malawwan qoraniichii ittin gaggeeffame maal akka ta'e ibsamaniiru.

Boqonnaa lammaffaa keessatti immoo, sakatta'a barruu qorannaa kanaatu kaa'e. Isaaniis: sakatta'a barruu yaadrimeefi walfakkiiti. Sakatta'a barruu yaadrimee jalattiyaaxinaaleen addaa addaa; maalummaa jechoota maal akka jedhan, faayyidaan jechootaamaal akka ta'e, jechoonni addaa addaa jiraniifi dogongorri barreeffama keessatti maal irraa ka'ee akkamul'atu kaafamaniiru. Sakatta'a barruu walfakkii keessatti immoo, qorannoon adda addaa qorannaa kanaan walitti dhiheenya qaban fudhatamuun, garaagarummaafi walfakkeenyi isaan qorannaa kana waliin qaban caqasamaniiru.

Boqonnaa sadaffaan seeccaatii ragaalee fayyadama jechootaafi dogongora qubeessuu; Asoosama Dhundhuma hindhumanne keessatti taasiffamedha. Fayyadama jechootaa ilaalchisee, ciminaafi hanqinaa barreessaatu mul'ata. Akka ciminaa barreessaatti kan kaa'an jechoonni loogaa asoosama kana keessattifayyadame, dhugummaa qooddaataafi naannoo inni irraadhufe agarsiisa. Akkasumas, jechoonni ergisaa tokko tokko kan inni fayyadame afaan isaa keessaa jecha bakka buusuu dhabuu irraa kan kaa'eefi isaan biroo immoo yoomeessa agarsiisuf dhimmaa kan itti baheedha.

Gama biroon dhimmoonni akka hanqina barreessaa kanaatti ka'an hedduutu mul'atu. Isaanis; jechoota loogaa sadarkaa hiikaatti mul'ataniifi jechoota ergisaa Afaan Arabaa irraa fudhate, akka dubbataan afaanichaa hunduu hubachuu danda'uuf hiika miiljaleen dhabuu, jechoota ergisaa afaan oromoo keessa galchee yeroo fayyadamu caasaa Afaan Oromoo eegee barreessuu dhabuufi jechoota saalfee ta'an kallattiidhan fayyadamuudha. Dabalataanis, dogongori qubeessuu sadarkaa jechaatti mul'atan isaanis laafinaafi jabina jechaa eeggachuu dhabuun akka hanqinaatti warreen kaa' aniidha.

4.2 Yaada Furmaataa

Barreeffamni afaan tokko yeroo barreeffamu haalli jecho

ota fayyadamuufi seerlugni ittiin kataabamu ulaagaa afaanichaa eeguun irraa eeggama. Haata'u malee, barruuwwan ogbarruu haalli seera afaanii kana ittiin cabsan nimul'atu. kanaan walqabatee barreeffamoota Ogbarruu Afaan Oromoo keessatti hanqinnoonni akkaanaa nimul'atu. Hanqinnota akkanaa furuuf:

- Barreessitoonni asoosama jechoota loogaa Keessattuu sadarkaa hiikaatti mul'atan yeroo fayyadaman akka dubbataa afaanichaa hundaa galuu dandaa'utti, loogaa biroon hiikun bifa miiljaleen, yookaan calqabaafi dhumaa asoosamichaa keessatti kaa'anii gaariidha.
- Barreesstoanni jechoota ergifatanii yoo tajaajilaman caasaa afaan irraa ergifatanii osoo hin taane, caasaa afaan ergifatee (target language) eeganii osoo barreessanii gaariidha.
- Barreessitoonni Oromoo Ogbarruu yookaan asoosama yeroo barreessan, dhimmoonni saalfee walliin walqabatan safuu hawaasichaa waan cabsaniif, kaasuu yoo barbaadan kallattiidhaan qooddataan jechoota saalfee sanaakka dubbaatu taasisuu dhiisanii, jecha biroo kan miira sana ibsuu osoo fayyadamanii gaariidha.
- Barreeffamni tokko dogongora qubeeffamuu yoo qabatee dubbisuufi, ergaa isaa hubachuufi nama rakkisaa. Akkasumas, jijjiirama hiikaa fiduufi hiika dhabuu dandaa'a. Kanaafuu, barreessitoonni Ogbarruu Oromoo hojjii isaanii sana akka rakkoo malee ummanni hubaatu gochuuf, osoo hin maxxansiin dura, barreeffamni isaanii dogongora qabaachufi qabaachuu dhabuu osoo ilaalanii gaariidha.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2008) . *Natoo: Yaadrimee CaaslugaaAfaan Oromoo*. Finfinnee Oromiyaa.
- Abdiisaa Tabbeessoo.(2013). *Dhumdhuma Hindhumanee*:Finfinnee Oromiyaa Kal printing press.
- Abdulahim Adam .(1995). *mogaasa Wirtuu jildii*:Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Dhaabbata maxxansaa Biroo Aadaafi Ispoortii Oromiyaa: Finfinnee.
- Asafaa Tafarraa (2009).*Eelaa: Seena Oguma Oromoo*.Finfinne: Far East trading press
- Barruulee Qormaataa Waaltina Afaan Oromoo *Wiirtuu Jiildii-11ffaa* Biiroo aadaafi Tuurizimmii Oromiyaatti Garee Qormaata Afaan Oromootiin (2006)
- Brow, and Hatch, (1995). *E. Vocabulary and Language Education Oxford: Cambridge University Press,*
- Geetachoo Rabbiirraa.(1996).*Furtuu*.Seerluga Afaan Oromoo AA Internatinal
- Harry Shaw (1992).*Dictionary of litrary terms*.New York: magraw, Hill Book company
- Jaarraafi Yaadatee.(2000/2008).*Bantuu haaraa*.Finfinnee.
- Hartmain R. R. K. Stork, F.C. (1972). *Dictionary of Language and Linguists London: Applied Science Publisher LTD.*
- Lammi Kabbabaa (1993). *Caaseeffama Jechoota Afaan Oromoowiirtuu Jiildii 6ffaa*: Barrulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Dhaabbata maaxxansaa Biroo Aadaafi Beeksisaa Oromiyaa: Finfinnee.
- Melakneh Mengistu (2008). *Fundamenals of literature*. Addis Ababa: Commercial P.E
- Qajeela Mardaasaa. (1998) .A short Guidance to the *Oromoo Language*Afaan Oromoo Finfinne.
- Zarihuun Asfaw (1972).*Yesinatsuf Masarawi* Addis Ababa Unversty.

Dabalee (Appendix) A

Jechoonni loogaa sadarkaa hiikaafi sagaleetti mul'atan kan kitaabicha keessaa funaanamaan dabalataa bifa armaan gadiin tarreeffaman

Lakk	Jecha loogaa	Kan bakka bu'u danda'u	fuula	keeyyata	Sadarkaa loogaa	sagalee/hiika
1	Fossoo	Baay'ee hedduu	49	3ffaa	sagalee	hiika
2	Ceela'ee	Aarii gaduu	10	1ffaa	✓	✓
3	wadaroo	Fooyyaa fuunyoo	11	2ffaa	✓	✓
4	Coraa	garaa	54	2ffaa	✓	✓
5	Shaana	Goommanaa raafuu	10	1ffaa	✓	✓
6	Bokkuu	Ulee abbaa gadaa	15	2ffaa	✓	✓
7	saayiboota	hirriyaa	13	3ffaa	✓	✓
8	Jaba	jabahaa	13	2ffaa	✓	✓
9	Sirna	siryana	23	2ffaa	✓	✓
10	Ulti	Uti, ute	55	3ffaa	✓	✓
11	hooriyyuu	ooriyyuu	15	2ffaa	✓	✓
12	Kach	Kache, keessa	19	19ffaa	✓	✓
13	Kiyya	tiyya	19	19ffaa	✓	✓
14	Keenya	keeyna	67	3ffaa	✓	✓
15	dhoksee	dhoosee	98	1ffaa	✓	✓
16	Dugda	dudaa	31	3ffaa	✓	✓
17	Amba	Alagaa,orma	21	1ffaa	✓	
18	Dawoo	Dahoo, dayyoo	19	3ffaa	✓	✓
19	Boondii	mallaqa	12	1ffaa	✓	✓
20	dhichiisaa	sirba	14	4ffaa	✓	✓

Dabalee (Appendix) B

Jechoonni ergisaa Afaan adda addaa irraa gara Afaan Oromoo ergifatuun Barreessaan asoosama Dhundhuma hindhumannekeessatti fayyadame, dabalatan fuula isaanii waliin bifa armaan gadiin kaa'amaniruu;

Jechoota ergisa	Fuula
Teleskoppi	50
Laap-tooppi	94
Televejjiini	54
Shaashii	47
Koofiyaa	13
Awutopis	89
Uuniversity	69
Parsent	74
Bashaqaa	90
Misha	94
Madrasa	82
Kazaaraa	41
Inginer	69
Computer	69
Doctor	50
Gulukos	50
Federal	58

Dabalee (Appendix) C

Jechoota qubeeffamuu irratti dogongora qaban kan asoosamicha keessaa funaanaman, haala sirrii ta'e waliin ka'u.

Lakk	Jechoota dogongora	Fuula	keeyyata	Haala sirrii ta'een yeroo Barreeffaman
1	lokoo	16	2ffaa	lokoo
2	Birra	24	1ffaa	bira
3	adarraa	16	1ffaa	adaraa
4	Tolle	28	3ffaa	tole
5	gubbe	15	2ffaa	gube
7	ciissaa	12	2ffaa	ciisaa
8	booyyu	15	1ffaa	booyu
9	Halla	18	3ffaa	haala
10	waxxale	10	2ffaa	waxale
11	xuurree	60	2ffaa	xurree
12	Dutti	40	2ffaa	duti
13	golloo	9	3ffaa	gollaa
14	arraba	22	1ffaa	araba
15	faantti	10	1ffaa	faanti
16	bassee	74	2ffaa	baasee
17	gabbaa	13	2ffaa	gabaa
18	naggaa	39	3ffaa	nagaa

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan Maqaafi Mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojji koo ta'uu isaa ibsa, hojjiin kun kanaan dura Yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanee, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kann dubbisee hunda isaanii wabii keessaa kaa'uu koo Mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qorataa._____

Mallattoo._____

Guyyaa._____

Maqaa Gorsaa_____

Mallattoo_____

Guyyaa_____